# WAA'EE SEERA HAFUURAA ARFAN DHAGEESSANITTU?

HAVE YOU HEARD OF THE FOUR SPIRITUAL LAWS?

Oromo [Central] - English edition

# 1 SEERA 1FFAA

## LAW ONE

WAAQAYYO SI **JALATA** JIREENYA KEETFIFIS **KAROORA** DINQISIISAA SIIF LAATEERA

GOD **LOVES** YOU AND OFFERS A WONDERFUL **PLAN** FOR YOUR LIFE.

# JALAALA WAAQAYYO
## GOD'S LOVE

*"Waaqayyo akkasitti tokkicha ilma isaa hanga kennuufitti biyya lafaa jaalate, kun immoo isatti kan amanu hundinuu jireenya barabaraa haa qabaatuuf malee, haa baduuf miti." (Yoh. 3:16)*

*"God so loved the world that He gave His one and only Son, that whoever believes in Him shall not perish, but have eternal life." (John 3:16 NIV)*

## KAROORA WAAQAYYO

## GOD'S PLAN

*[Yesuus jedhe]"Ani… holotin jireenya haqabaataniif, irra hafaas haa qabaataniif dhufeera." (Yoh. 10:10)*

[Christ speaking] *"I came that they might have life, and might have it abundantly"* [that it might be full and meaningful]. *(John 10:10)*

Hat’au malee namootni hundumtuu jireenya gammachu hin jiraatan Sababni isaa…

Not all people are experiencing the abundant life because....



# 2 SEERA 2FFAA

## LAW TWO

NAMNI **CUBBAMAADHA** KANAAFU WAAQAYYO **IRRAAS** KAN ADDA BA'EE DHA, KANAAF JAALALA FI KAROORA WAAQAYYO BEEKUU FI SHAAKALU HIN DANDA'U.

PEOPLE ARE **SINFUL** AND **SEPARATED** FROM GOD SO WE CANNOT KNOW AND EXPERIENCE GOD'S LOVE AND PLAN FOR OUR LIFE.

## NAMNI CUBBAMAADHAA

## PEOPLE ARE SINFUL

*“Hundinuu yakkaniiru ulfinni Waaqayyo isaanitti hir’ateera.” (Rom. 3:23)*

*“All have sinned and fall short of the glory of God.” (Romans 3:23)*

Namni kan uumame Waaqayyo wajjin dhibantaa akka ta'uuf. Garuu namni karaa ofii isaatii waan filateef dhibantummaan Waaqayyo wajjin qabuu addaan cite. Daandi ofii keenyaa irra yeroo deemnu Waaqayyof kan hinabbomamne fi kan dhima hinqabne taana. Yaada akkanaa macaafni qulquluun cubbuu jedhee waama.

We were created to have a personal relationship with God, but by our own choice and self-will we have gone our own independent way and that relationship has been broken. This self-will, often seen as an attitude of active rebellion towards God or a lack of interest in Him, is an evidence of what the Bible calls sin.

*“Nuyi hundumti keenya akka hoolota karaa irraa badnee turre, adduma addanis kara-karaa in gorr.” (Isaa. 53:6)*

*“We all, like sheep, have gone astray, each of us has turned to his own way; and the LORD has laid on him the iniquity of us all.” (Isaiah 53:6)*

## NAMNI WAAQA IRRAA ADDAAN BA’EERA

## PEOPLE ARE SEPARATED

*“…beenyaan (mindaan) nama cubbu hojjettu du’a,” [Hafuraan Waaqayyo irraa addaan ba’uu]. (Rom 6:23)*

*“The wages of sin is death”* [spiritual separation from God]. *(Romans 6:23)*

Fakkin kun kan agarsisu Waaqayyo qulqulluu namni immoo cubbamaa ta'u saati. Lamaanuu gargar fagoo jiru. Waaqayyo bira ga'uuf humna offii isaatiin jireenya erraa hafaa jiraachuuf yaalii namni godhu agarsiisa kun, nama amantii fakkaachuudhaan, warra kaan gargaaruudhaan, kkf, yaaliin kun hundaa garuu kufaa dha.




God is holy and man is sinful. There is a great separation between the two. The arrows show how man tries to reach God and the abundant life through his own efforts: such as living a good life, being religious, helping others etc., but all his efforts fail.

# 3 SEERA 3FFAA

# LAW THREE

KAARAN INNI TOKKICHI KAAN NAMA GARA WAAQAYYOTTI GESSU YESUUS KRISTOOSII DHA. INII QOODA KEENYA DU'EE. NAMNI KARAA YASUS WAAQAYYON BEEKUU, KAROORA ISAA BEEKUU FI JAALALA ISAA MI'EEFFACHUU DANDA'A

THE ONLY WAY THAT TAKES PEOPLE TO GOD IS JESUS CHRIST. THROUGH HIM YOU CAN KNOW AND EXPERIENCE GOD'S LOVE AND PLAN FOR YOUR LIFE.

## INNI NUUF JEDHEE DU'E.

## HE DIED IN OUR PLACE

*"Waaqayyo garuu, utuma nuyi cubbamoota taane jirruu, Kristos nuuf du'uu isaatiin hammam akka nu jaallate ni argisiisa." (Rom. 5:8)*

*"God demonstrates His own love towards us, in that while we were yet sinners, Christ died for us." (Romans 5:8)*



## DU'AA KE'ERA

# HE ROSE FROM THE DEAD

*"…Kristos cubbu keenyaaf du'eera, inni awwaalameera, Caaffanni qulqullaa'oon akka jedhanitti guyyaa sadaffaattis du'aa kaafameera…" (1Qoro. 15:3-5)*

*"Christ died for our sins…He was buried…He was raised on the third day, according to the Scriptures…He appeared to Peter, then to the twelve. After that He appeared to more than five hundred…" (1 Corinthians 15:3-6)*

## INNI KARAA ISA TOKKICHA

## HE IS THE ONLY WAY TO GOD

*Yesuus deebisee, "karichii, dhugaan, jireenyis, ana, anaan yoo ta'e male eenyu iyyuu gara Abbaa hin dhufu." (Yoh. 14:6)*

*"Jesus said to him, 'I am the way, and the truth, and the life; no one comes to the Father, but through Me'." (John 14:6)*

Fakkin kun kan agarsisuu kan ofii isaa tti nudeebisu danda'u Waaqayyo qofaa ta'u satii. Kaanfu Waaqayyo ilma isaa Yasuusiin erguudhaan gargar fageenyi ofii isaa fi nu giddu jiru irratti riiqicha godhe. Yasus Krisitoos namaa fi Waaqa gidduu dhaabachuuf du'ee ka'e.




This picture illustrates that God has bridged the gap which separates us from Him by sending His Son, Jesus Christ, to die on the cross in our place to pay the penalty for our sins.

Hata’u malee seerota kana sadan qofa beekuun ga’aa miti…

It is not enough just to know these three laws…

# 4 SEERA 4FFAA

# LAW FOUR

TOKKOON TOKKOO KEENYA YASUS KRISTOOSIIN AKKA FAYYISAA KEENYAATTI **FUDHACHUU MALLA**, YOO KANA TA'E JAALALA FI KAROORA INNI JIREENYA KEENYAAF QABU BEEKUU DANDEENYA.

WE MUST INDIVIDUALLY **RECEIVE** JESUS CHRIST AS SAVIOUR AND LORD; THEN WE CAN KNOW AND EXPERIENCE GOD'S LOVE AND PLAN FOR OUR LIVES.

## KRISTOOSIIN FUDHACHUU MALLA

## WE MUST RECEIVE CHRIST

*"Hamma isa simataniif immoo ijollee Waaqayyo akka ta'aniif haboo isaaniif kenne, isaanis warra maqaa isaatti waamamaniidha." (Yoh 1:12)*

*"As many as received Him, to them He gave the right to become children of God, even to those who believe in His name." (John 1:12)*

## AMANTIIDHAAN KRISTOOSIIN FUDHACHUU MALLA

## WE RECEIVE CHRIST THROUGH FAITH

*"Isin ayyaana Waaqayyotin karaa amantii fayyifamtan, inni immoo kennaa Waaqayyoti malee, gocha ofii keessanii miti, hojiidhaanis miti, nammi tokko illee akka ittiin of hin jajnetti." (Efe. 2:8-9)*

*"By grace you have been saved through faith; and that not of yourselves, it is the gift of God; not as a result of works, that no one should boast." (Ephesians 2:8,9)*

## JIRREENYA KEENYA KEESSATTI KRISTOOSIIN AFEERUUDHAAN FUDHACHUU DANDEENYA

## WE RECEIVE CHRIST BY PERSONAL INVITATION

*"Kunoo! Ani balbala dura dhaabadhee balbala nan rukuta, namni sagalee koo dhaga'ee yoo balbala naaf bane, ani ol nan lixa, isaa wajjinis maaddiitti nan dhiyaadha, innis anaa wajjin ni nyaata." (Mul. 3:20)*

*[Christ speaking] "Behold, I stand at the door and knock; if any one hears My voice and opens the door, I will come in to him." (Revelation 3:20)*

## KRISTOOSIIN FUDHACHUUN QABXII ARMAAN GADII OF KEESSA QABA

## RECEIVING CHRIST INVOLVES ALL OF THE FOLLOWING:

- Cubbamoota ta'u keenya beekne cubbu kennya irra deebiu'udhaan Waaqayyo wajjin wali galu We are to agree that all of us are sinful, but through Jesus Christ we can be free of sin
- Yasus Kristoos cubbuu keenyaaf jedhee akka du'ee amanuu We should believe that Jesus Christ died for our sins
- Kristos jireenya keenya guyyaa guyyaa keesa akka jiraatu hayyamu fi isa tti amanachuu We should believe that Jesus Christ is involved in all our daily life.

## Fakkin armaan gadii jireenya nama lamaa bakka bu’uu




### JIREENYA ANUMMAA JALA JIRU

namni kun jireenya isaa offi isaaf to’ata. Kristos jireenya isaa keesa hin jiru. Jireenya isaa ofii isaa gaggeesa. Waaqayyo walininis nagaa hin qabu.




### JIREENYA KRISTOS JALA JIRU

Jireenya nama kanaa Krisitostu to’ata. Kristos jireenya isaa keesa jira. Kristos jireena isaa akka to’atu hayyameera. Waaqayyo walinis nagaa qaba.

**THESE TWO CIRCLES REPRESENT TWO KINDS OF LIVES:**







| **SELF-DIRECTED LIFE** | **CHRIST-DIRECTED LIFE** |
| --- | --- |
| The life of this person is directed by himself. Jesus Christ is not in his life. He always leads his life by his interests. There is always conflict with God's plan. | The life of this person is directed by Jesus Christ. Jesus Christ is always in his life. He allows Jesus Christ to lead his life. There is peace with God. |

Jireenyi kee fakki isaa kam fakkaata?
Jireenyi kee fakki issa kam akka fakaatuu feetaa?

**Which circle best describes your life?**
**Which circle would you like to have represent your life?**






## KRISTOOSIN AMMUMA AMMANTIDHAAN GARA JIREENYA KEETTI WAAMMACHUU DANDESA

## YOU CAN RECEIVE JESUS INTO YOUR LIFE RIGHT NOW

Gara jireenya kee akka dhufu gaafadhu. Waaqayyo abdii isaa raawwachu akka danada'u amani. Inni jecha afaan kee irra caalaa yaada garaa kee beeka. Kadhachun yoo feedha kee ta'e akkas jette kadhachuu ni dandeessa.

Ask Jesus to come into your life now. God knows your heart and is not so concerned with your words as He is with the attitude of your heart. The following is a suggested prayer:

“Yaa Yasus, ani dhunfaakooti sii beekuun fedha. Ati waa’ee cubbuukoof fannorratti du’ukeef singlatefedha. Amma jireenya koo banee akka Waaqaa kiyaa fi goftaa kootiti sinfudhadha. Waan cubbu koof dhifamaa naa goteef jireenya barabara naalaateef singalatefadha. Jireenya koo dhunfadhu. Nama ati fedha kee ittiin raawwattu na godhi. Amen.”

**“Lord Jesus, I need You. Thank You for dying on the cross for my sins. I open the door of my life and receive You as my Saviour and Lord. Thank You for forgiving my sins and giving me eternal life. Take control of the throne of my life. Make me the kind of person You want me to be. Amen”**

Kadhanaan kun fedha garaa kee nimulisa?

Does this prayer express the desire of your heart?

Ni mullisa yoo ta'ee, kadhanna arman gadi amuma kadhadhu. Kirstoos akkuma kakuu isaati gara jireenya keeti ammuma dhufaa.

If it does, I invite you to pray this prayer right now, and Christ will come into your life, as He promised.

## KIRISTOOS GARA JIREENYA KEE DHUFU ISSA AKKAMIN BEEKU DANDESAA

## HOW TO KNOW THAT CHRIST IS IN YOUR LIFE

Jireenya kee keessattii Kristoosiin fudhatteettaa? Amma Kristos jireenya kee keessa jiraa? akka Waaqayyo kadhata kee sii deebisuu maaliin beekta? Akka abdachiisuu isaa isa Mul. 3:20 -tti Kiristos jireenya kee keessa akka jiru beeku dandesa.

Did you receive Christ into your life? According to His promise in Revelation 3:20, where is Christ right now in relation to you? Christ said that He would come into your life. Would He mislead you? On what authority do you know that God has answered your prayer? (The trustworthiness of God Himself and His Word, the Bible.)

**KITAABIN QULQULLUUN WARRA KIRISTOOSIIN FUDHATAN HUNDAA JIREENYA BARABARAA ABDACHIISA.**

**THE BIBLE PROMISES ETERNAL LIFE**

*"Waaqayyo jireenya barabaraa nuuf kenne;egaa dhugaan isaa isa kan; jireenyi barabaraa kunis ilma isaa keessatti argama. Namni ilma Waaqayyo hin qabne jireenyicha hin qabu. Isin warri ilma Waaqayyotti amantan, jireenya barabaraa qabaachuu keessan akka beettaniifan kana hundumaa isiniif barreesse." (1Yoh. 5:11-13)*

*"The witness is this, that God has given us eternal life, and this life is in His Son. He who has the Son has the life; he who does not have the Son of God does not have life. These things I have written to you who believe in the name of the Son of God, in order that you may know that you have eternal life." (1 John 5:11-13)*

*“Kiristoos yeroo hundaa jireenya kee keessa waan jiraatuuf matumaa waan si hin dhiisneef galateefadhu.” (Ibr. 13:5)*

*“God has said: ‘I will never leave you; I will never forsake you.’” ( Hebrews 13:5)*



Kana booda woo?

What will happen after this?

## MIIRA KEE IRRATTI HIN IRKATIN

## DO NOT DEPEND ON YOUR FEELINGS

Kitaabni qulqulluun akkuma jedhu, Kristaanni Waaqayyoon amanuudhaan jiraata male, miira isaati hin hirkatu . Fakkiin baaburaa kun, kana mullisa.

The Christian lives by **faith** (trust) in the trustworthiness of God Himself and His Word. As the Bible says, Christians live their life based on God's Word, not on their emotion or feeling.

- Dhugaa: Waaqayyof sagale isaa agarsisa Fact: God and His Word
- Amantti: hirkata Waaqayyof sagale isaa irrati qabnu agarsisa Faith: The dependency of human beings on the Word of God
- Miira: bu'a amanttiif abbomama ta'u akka mallu agarsisa. Feelings: The benefit we can gain from faith

Baaburi kun kan adeemu danda'u motooraan malee harkifamaan miti. Akkasuma kristani tokko Waaqayyof sagalee isaatii male miira irrati hirkachuu hinqabu. Amantiin kee mirra kee irratti akka hin hudoofnee.




This train can only move with the help of the engine, not the passenger car. The same is true for people. We must live our life based on God's Word, not based on our emotions or feelings.

*“Nuyi amantiidhaan jiraanna malee waan hundummaa ijaan arguudhaan jiraanna mitti.” (2 Qro. 2:7)*

*“We live by faith, not by sight.” ( 2 Corinthians 5:7)*

## JIREENYA KEE KEESATII MAALTUU RAAWWATAMEE.

## WHAT HAS HAPPENED IN YOUR LIFE SINCE YOU RECEIVED JESUS CHRIST?

Yaroo Kristoosin fudhatee isa wajin walqunamtii jelqabdeeta jechuudha. Battala ati Kristoosiin murtee keetin fudhatte eegalee waan baayyeen jireenya kee keessatti raawwateera:

As soon as you received Jesus Christ a lot of things changed in your life:

1. Kristoos jireenya kee keessa seeneera. (Mul. 3:20 fi Qol. 1:27) Christ came into your life. (Revelation 3:20 ; Colossians 1:27)
2. Cubbuun kee siif dhiifameera. (Qol. 1:14) Your sins were forgiven. (Colossians 1:14)
3. Ati mucaa Waaqayyo taateetta. (Yoh. 1:12). You became a child of God. (John 1:12)
4. Jireenya barabaraa argatteeta. (Yoh. 5:24) You received eternal life. (John 5:24)
5. Karooraa fi akeeka Waaqayyo jireenya keef qabus shaakaluu eegalta. (Yoh. 10:10 fi Qor. 2. 5:17). You began the great adventure for which God created you. (John 10:10; 2 Corinthians 5:17 ; 1 Thessalonians 5:18)

Kristoosi wajjin mataa keetiin walqunamuura waanti gaariin namudata jettee ni yaaddaa? waan Waaqayyo siifgodheef amma kadhataan galateeffachuu ni feetaa?

Can you think of anything more wonderful that could happen to you than receiving Christ? Would you like to thank God in prayer right now for what He has done for you?



## ATTAMITTI JIREENYA HAFUURATTI AKKA GUDDATTU

## HOW YOU CAN DEVELOP A HOLY LIFE

Guddinni jireenya afuraa kirstoosiin amanachuu dhaan dhufa. "Namni amantii dhaan fuula waaqayyoo duraa tti qajeela ta'ee jireenya dhugaa injiraata" (Gal. 3:11). Jireenyi kee Kristos walin yeroodha gara yarooti akka gudatuf Waaqayyof abbomamu qabda.Yaadi armaan gadii guddinaaf si gargaaru.

Spiritual growth results from trusting Jesus Christ. "The righteous man shall live by faith" (Galatians 3:11). A life of faith will enable you to trust God increasingly with every detail of your life, and to practice the following:

- ¨Yeroo hundaa Waaqayyo kadhadhu. (Yoh. 15:7) **G**o to God in prayer daily. (John 15:7)
- ¨Guyyuu hundaa sagalee Waaqayyo dubbisi [Wangeela Yohaannisii eegali]. (Hojii Erge. 17:11). **R**ead God's Word daily (Acts 17:11); begin with the Gospel of John.
- ¨Waaqayyof abbomamu bari. (Yoh. 14:21) **O**bey God moment by moment. (John 14:21)
- ¨Jireenya kee fi jecha keetiin Kiristoosiin dhugaa ba'i. (Luq. 8:39) **W**itness for Christ by your life and words. (Matthew 4:19; John 15:8)

- "Jireenya kee guyyuuf Waaqayyon amanadhu. (1 Phe. 5:7) **T**rust God for every detail of your life. (1 Peter 5:7)
- "Afurrii qulqulluun yommuu isin irra bu'u humna godhatu…andaara lafaatis dhugaa baatuu koo intaatu". (HoE. 1:8) **H**oly Spirit - allow Him to control and empower your daily life and witness. (Acts 1:8)

## FAAYIDAA WALDAA KRISTAANAA

## FELLOWSHIP IN A GOOD CHURCH

Kristaanota biraa waliin tokkuma ummachun barbachiisaa dha. (Ibr. 10:25, Ho.erg 2:42-47 )

God's Word instructs us not to forsake "the assembling of ourselves together" (Hebrews 10:25; Acts 2:42-47).

Hanga yoona gara waldaa kristaanaa yoo deemtee hin beektu ta'e, kristosiif sagaleen isaa gara kabajemu deemtee namota kiristosin akka fayyisaaf goftaa isaaniti Waaqeefatani walin tokkumaa uumuu ni danddeessaa.

Several logs burn brightly together; but put one aside on the cold hearth and the fire goes out. So it is with your relationship with other Christians.

Mukkti yoo walitti kuufame abbida ho'aa nu keena. Garuu mukka tokko yoo abbida keesaa baafnee qofaa isaa lafa keenye abbidi isaa ni bada. Akkasuma jireenyi kristaanuuma qobaa nama rakkisa.

If you do not belong to a church, do not wait to be invited. Take the initiative; call the pastor of a nearby church where Christ is honored and His Word is preached. Start this week, and make plans to attend regularly.

If this article has been helpful to you, please give it or read it to someone else. This way you might help another person come to know God personally.



BARREEFAMNII FI WAANTI GUDDINA KIRSAANAA TIIF GARGAARU NI JIRA.

**WANT FURTHER HELP?**

Barreefama guddina kirstaanaa tiif gargaaru yoo barbeadde teesso keenya armaan gadii nu qunnammi


**THE GREAT COMMISSION MINISTRY ETHIOPIA**

P.O.Box 41303 ADDIS ABABA

359 AWASSA

1158 BAHIR DAR

1182 JIMMA

808 HARAR

- www.hereslife.info/connect
- MyLanguage.net.au

This article is also available in many other languages from www.hereslife.com/tracts.



Written by Bill Bright. © 2011 Bright Media Foundation and Campus Crusade for Christ, Inc. Previously © 1965-2002 CCC. All rights reserved. No part of this booklet may be changed in any way or reproduced in any form or stored or transmitted by computer or electronic means without written permission from Campus Crusade for Christ.